



Islaamni Jireenya Guutuun Wal-Qabata-Kutaa-4

Description

Hanga ammaatti Islaamni jireenya ilma namaa guutuun akka wal qabatu ilaalaat turreera. Fakkeenya kaasun Islaamni jireenya guutuun akka wal qabatu ilaalu keenya hiika "Laa ilaah illallah" haala salphaan akka hubannu nu gargaara. Ta'uu baannan, Islaama salaata, zakaa, sooma, hajjii fi kkf irratti yoo daangeessine, waa baay'ee dhabna. Islaamni jireenya guutuun akka wal qabatu fudhannee yoo itti bulle qofa gammachuu fi milkaa'inna barbaannu arganna. Har'as itti fufuun kutaa dhumaa haa ilaallu.

Islaamaa fi Maatii

Matiin hundee hawaasni fi biyyi ittiin ijaarramuudha. Matiin yoo tole ijomoleen gara hawaasaa bahan ni tolu. Kanaafu, haala wali galaatin hawaasnisi ni tola. Islaamni maatittis xiyyeefannoo guddaa kenne. Seerota matiin wal qabatan baay'ee lafa kaa'e. Kan akka seera fuudhaa heerumaa, wal dhaalu, guddinna ijollee fi kanneen biroo. Maatii gaarii ijaaruf tooftaa akkami fayyadamu akka qaban nama qajeelcha. Tooftaa kanniin keessaa, niiti/abbaa manaa gaarii filachuu, ijollee amanti fi naamusa Islaama barsiisu fi kanneen biroo eerun ni danda'ama.

Fuudhaa heeruma keessatti akkaataa dubartii itti kaadhimat, cidha qopheessan, naamusa wal qunnamti fi kanneen biroo ni arganna. Abbaa fi haati manaa yoo wal ta'uu dadhaban wal hiikuf seera hordofuu qaban lafa kaa'a. Kana ilaachise gara jalaatti liinkin ni jira.

Seerotaa fi naamusoota baay'ee matiin wal qabatan Islaama keessatti ni arganna. Naamusa gaarii namoonni baay'een xiyyeefannoo itti hin kennine tokko dhiyeessun mata-duree kana haa xumurru:

﴿يَا أَيُّهَا الَّذِينَ ءَامَنُوا لِيَسْتَعْذِنُكُمُ الَّذِينَ مَلَكُتُ أَيمَنُكُمْ وَالَّذِينَ لَمْ يَبْلُغُوا الْحُلُمَ مِنْكُمْ ثَلَاثَ مَرَّتٍ مِّنْ قَبْلِ صَلَاةِ الْفَجْرِ وَحِينَ تَضَعُونَ ثِيَابَكُمْ مِّنَ الظَّهِيرَةِ وَمِنْ بَعْدِ صَلَاةِ الْعِشَاءِ ثَلَاثَ عَوْرَاتٍ لَّكُمْ لَيْسَ عَلَيْكُمْ وَلَا عَلَيْهِمْ جُنَاحٌ بَعْدَهُنَّ طَوْفُونَ عَلَيْكُمْ بَعْضُكُمْ عَلَى بَعْضٍ كَذَلِكَ يُبَيِّنُ اللَّهُ لَكُمُ الْآيَتِ ﴾۝

“Yaa warra amantan! Kanneen harki mirgaa keessan qabatee fi isin keessaa kanneen umrii saalfannaa hin geenye yeroo sadii isin haa hayyamsiisan: salaata fajriin dura, walakkaa guyyaa yommuu uffata keessan ofirraa baastanii fi salaata ishaa’i booda. [Kunniin] yeroo sadii qullaa itti taataniidha. [Yeroo sadan] kanaan alatti [hayyama malee yoo walitti seentan], isin irras ta’ee isaan irra diliin hin jiru. Isin irra kan naanna’an waa ta’aniif; gariin keessan garii irra [naanna’a]. Akka kanatti Rabbiin keeyattoota isiniif addeessa. Rabbiin Beekaa, Ogeessa.”
Suuratu An-Nuur 24:58

“Kanneen harki mirgaa keessan qabatee” jechuun gabroota ykn tajaajiltoota keessan. “Isin keessaa kanneen umrii saalfannaa hin geenye” immoo ijoolee umrii saalfannaa (buluugha) hin geenyedha. Ijooleen dhimmoota afran kanniin keessaa tokkoon umrii saalfannaa gahu: (1)-yeroo hirribaa maniyii (dhangala’oo saalaa) dhangalaasu yookiin sababa kanaan alatiin maniyi dhangalaasu,(2)- rifeensi gaggabaan naannoo qaama hormaatatti biqiluu, (3)-umriin isaa/ishii wagga 15 (kudha shan) gahuu. (4)-Dubartii yoo taate heeydi (laguu) arguu.[\[1\]](#)

Kana booda ibsi aayah: Yaa warra Rabbii fi Ergamaa Isaa dhugoomsitani seera Isaatti bultan! Yeroo sadii isin kophaa fi qullaa itti taatan keessatti yommuu isinitti seenan akka isin hayyamsiisan gabroota keessanii fi ijoolee umrii saalfannaa hin geenye ajajaa. Yeroon sadan kuni: (1)-Salaata fajrii (subii) dura-sababni isaas, yeroon kuni yeroo uffata hirribaa baafatanii uffata biraa itti uffataniidha. (2)-Boqonnaaf walakkaa guyyaa yommuu uffata baafatanii fi (3)-Salaata Ishaa’i booda. Sababni isaas, yeroon kuni yeroo hirribaati. Yeroon sadan kunniin yeroo kophaa itti taatanii fi nafa ofii haguuguun itti xiqaatudha. (Yeroo sadan kana keessatti uffata ofirraa baasuun qullaa ta’uu waan danda’aniif, namni gola isaanii seenun dura hayyama gaafachu qaba. Balbala ruktuun, “Seenu danda’aa?” jechuu qaba.)

“[Yeroo sadan] kanaan alatti [hayyama malee yoo walitti seentan], isin irras ta’ee isaan irra diliin hin jiru. Isin irra kan naanna’an waa ta’aniif; gariin keessan garii irra [naanna’a].”

Yeroo sadan kanaan ala tajaajiltonni fi ijooleen umrii saalfannaa hin geenye hayyama malee yoo isaanitti seenan homaa rakkoo hin qabu. Sababni isaas, gabroonni isaan tajaajiluuf yeroo baay’ee isaanitti deddeebi’u. Gariin garii irra naanna’a. Yeroo hundaa hayyama gaafachun ni ulfaata. Garuu

gabrootaa fi ijoollee xixiqoo umrii saalfannaa hin geenyeen ala namoonni jiran isaanitti seenuuf yeroo hundaa hayyama gaafachu qabu. Itti aanse ni jedha:

﴿وَإِذَا بَلَغَ الْأَطْفَلُ مِنْكُمُ الْحُلُمَ فَلْيَسْتَعِذْنُوا كَمَا أَسْتَعِذَنَ الَّذِينَ مِنْ قَبْلِهِمْ كَذَلِكَ يُبَيِّنُ اللَّهُ لَكُمْ عَالِيَّتِهِ وَاللَّهُ عَلِيمٌ حَكِيمٌ﴾

“(59)–Isin keessaa ijoolleen umrii saalfannaa yommuu gahan, akkuma warri isaaniin duraa hayyamsiifatan isaaniis haa hayyamsiifatan. Akka kanatti Rabbiin keeyyatoota Isaa isiniif ibsa. Rabbiin Beekaa Ogeessa.” Suuratu An-Nuur 24:59

Kana jechuun akkuma namoonni gurguddoona mana seenuun dura hayyama gaafatan, ijoolleen umrii saalfannaa gahaniis seenuu yommuu barbaadan yeroo hundaa hayyamaa haa gaafatan.[\[2\]](#)

Gola ykn kutaa ciisichaa keessatti namni uffata jijirata. Namni akka isatti seenu hin barbaadu. Kanaafu, ijoolleen umrii saalfannaa erga gahani booda gola isaanii seenuun dura yeroo hundaa hayyama gaafachu qabu. Seenun dura hayyama gaafachu keessa faayda baay'eetu jira:

1ffa-Namni yommuu qulla ta'u namni biraa isa arguu irraa ni jibba, garmalee saalfata. Kanaafu, hayyama gaafachuun jibbummaa fi jeequmsi akka hin uumamnee fi salphinni akka namatti hin dhagahamne taasisa. **2ffa-** Tarii namni gola keessatti haadha warraa waliin ciisu danda'a. Namni biraa hayyama malee yoo seenee gocha kana argu, qormaanni guddaan ni uumama. Keessumayyu, ijollen fedhiin isaanii cimaa ta'ee yoo kana argan garmalee qoramu. Kanaafu, balbala fitnaa (qormaataa) cufuuf hayyama gaafachuun baay'ee barbaachisaadha.

Maatii ilaachisee murtiwwan, seeronni fi naamusonni baay'een karaa siritti nama qajeelchanii fi badii irraa maatii tiksan Islaama keessa guutanii jiru. Dhugumatti, maatii gaarii gammachuu qabu ijaarrun kan danda'ama Islaama hordofuu qofaani.

Islaamaa fi Namoota dhuunfaa

Namni Islaama irraa yoo adda bahee jireenyi isaa jirenya hin jedhamtu. Jeequmsi, dukkanni, gaddii fi yaaddon gara hundaan isa haguugu. Rabbiin subhaanahu wa ta'aalaa namoota hundaa kan uume Isa. Nafsee isaanii, wanta isaan fayyaduu fi miidhu siritti beeka. Kanaafu, qajeelcha nafsee namaa fooyyessuu fi badii irraa eegu ergamtoota erguu fi kitaabban buusun ni ibsee. Namni qajeelcha Isaa hordofe, warra gammachuu qabanii fi milkaa'an keessaa ta'a. Namni dide immoo warra rakkatanii fi kasaaran keessaa ta'a. Aayah lama asitti dhiyeessun mata-duree kana haa xumurru:

﴿قَالَ أَهْبِطَا مِنْهَا جَمِيعًا بَعْضُكُمْ لِبَعْضٍ عَدُوٌّ فَإِمَّا يَأْتِيَنَّكُمْ مِّنْ هُدًى فَمَنِ اتَّبَعَ هُدًى فَلَا يَضِلُّ وَلَا يَشْقَى﴾ ﴿١٢٣﴾

“[Rabbiin] ni jedhe ‘Gariin keessan gariif diina ta’aatii, isin lamaanu walumaan ishee (Jannata) keessaa [gara dachiitti] gadi bu’aa. Ergasii Ana irraa qajeelfamni yoo isinitti dhufe, namni qajeelfama Kiyya hordofe hin jallatus, hin rakkatus.” Suuratu Xaahaa 20:123

Rabbiin subhaanahu wa ta’alaa Aadamii fi Hawwaan akkana jedhe: Isin lamaanu ibliisa waliin Jannata keessaa gara dachiitti bu’aa. Isin lamaani fi ibliisni (sheyxaanni) waliif diina. Yoo Ana irraa qajeelchi fi ibsi dhufe, namni qajeelchaa fi ibsa Kiyya hordofee fi hojji irra oolche, addunyaa keessatti ni qajeela, hin jallatu. Aakhirattis adabbii Rabbiitin hin rakkatu.[\[3\]](#)

وَمَنْ أَعْرَضَ عَنْ ذِكْرِي فَإِنَّ لَهُ مَعِيشَةً ضَنْكاً وَنَحْشُرُهُ يَوْمَ الْقِيَامَةِ أَعْمَى

﴿١٢٤﴾

“Namni yaadanno Kiyya irraa garagale- dhugumatti jirenyaa dhiphoo ta’etu isaaf jira. Guyyaa Qiyaamaas jaamaa goonee isa Kaafna” Suuratu Xaahaa 20:124

Namni ajaja Kiyyaa fi wanta Ergamaa Kiyya irratti buuse faallesse, irraa garagalee fi dhiise, addunyaa tana keessatti jirenyaa dhiphoo fi ulfaattu taatetu isaaf jira. Osoo warra tolaa fi badhaadhingga qaban fakkaateyyu qomni isaa tan dhiphattedha, tasgabbi hin qabu. Qalbiin isaa yaqiina fi qajeelcha qulqulluu hanga qabaattutti malee, inni jeequmsa, dhama’iinsaa fi shakkii keessa jiraata. Kuni jirenyi dhiphoo ta’uudha. Erga du’ee boodas qabriin isatti dhiphatti, achi keessatti azzabama (adabama). Guyyaa Qiyaamaas jaamaa goonee isa kaafna.[\[4\]](#)

Islaamni qajeelcha guutuu addunyaan, biyyi, hawaasni, maatii fi namni dhuunfaa hundii ittiin qajeelu kan of keessatti qabatedha. Namni qajeelcha kana hordofe, gammachuu barbaadu ni argata, rakkoo jalaa ni baha. Namni Islaama hodofuu irraa of tuule immoo gammachuu dhabuun jirenyaa dhiphoo jiraata. Adabbii cimaaf of saaxila.

Haala kanaan Islaamni jirenyaa ilma namaa guutuun akka wal qabatu mirkaneefachu ni dandeenya jechuudha.

Gaafi:

“Islaamaa fi Musliima jechuun maal jechudhaa?” jedhamte yoo gaafatamte deebiin kee maalidhaa? Jechoota gabaaboon, “**Islaama** jechuun osoo of hin tuulinii fi itti hin qindeessin (hin shaarrakin) Rabbii olta’af harka kennu, gadi jechuu fi ajajoota Isaatiif buluudha.”

Itti qindeessu ykn shaarraku jechuun Rabbiin waliin waan biraan gabbaruu (waaqefachuudha). Kan akka Isa waliin waan biraan kadhachuu, Isaan ala wanta biraatiif gadi jechuu, sagaduu, garmalee ol-guddisuu, sodaachu fi ibaadaa biroo wanta biraatiif gochuu. Kuni hundi shaarraku waan ta'eef Muslimni irraa fagaachu qaba.

Muslima jechuun nama osoo of hin tuulinii fi hin shaarrakin Rabbii Tokkicha qofaaf harka kennu, gadi jedhuu fi ajajoota Isaatiif buluudha.

Namni waa'ee fuudhaa heerumaa Islaamaa beeku barbaadu kitaaba [Gaa'ilal Islaamaa](#) jedhu dubbisuu danda'a. Seera nikah itti buusanis Islaama keessatti akkam akka ta'e asirraa argachuun ni danda'ama: <https://islaama.files.wordpress.com/2020/01/nikah-buusu.pdf>

Kitaabban wabii:

- [1] Majaalis Shahri ramadaan-fuula 43-44-Ibn Useymiin
- [2] Tafsiiru muyassar-357-358
- [3] Tafsiiru Muyassar-fuula 320
- [4] Tafsiir ibn Kasiir-5/315, madda olii

Date Created

January 31, 2020

Author

admin